Waajjira Pireezidaantii
Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
The Oromiya National Regional Government
Office of the President
Finfinnee (Addis Ababa)

የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት መስተዳድር
የፕሬዚዳንት ጽ/ቤት
ፊንፊኔ (አዲስ አበባ)

Guyyaa/Date 14/10/2002
ቀን
Lakk/Ref.No. 02/ Dh-4/2430/3
ቁጥር

Biiroo Lafaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaatiif
Biiroo Haqaa Oromiyaatiif
Finfinnee

Dhimmi: Dambii raga'ee erguu ilaala

Manni maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa bara hojii 3ffaa, waggaa 5ffaa, walgayii idilee 10ffaa guyyaa 26/09/2002 adeemsise irratti, wixine dambii lafaa Magaaloota Naannoo Oromiyaa keessatti Liiziidhaan keennamuu fi Kiraan Bulu irra deebiidhaan murteessuuf dhiyyaatee ilaalee murteesseera.

Haalumaa kanaan, Dambiicha hojiirra oolchuuf akka gargaaruu, dambii lafaa Magaaloota Oromiyaa keessatti liiziidhaan keennamuu fi kiraan bulu irraa deebiidhaan murteessuuf bahee lakk. **128/2002** akka ta'e hubbachiisaa akka hojirra oolchitan jechaa, Biiroon Haqaa Oromiyaas dambiicha akka maxxansiisuuf koppi wixinicha fuula **16** xalayaa gaggeessituu kana walin kan ergine ta'uu ni beeksifna

Nagaa Wajjin!!

MAHAAMMADNUUR A.CABSAA A/JOOBIR
I/Gaafatama W/Pireezidaantii fi mana mare
BMNO

G/G
- Biiroo Hojii fi misoomaa Magaalaa Oromiyaatiif
  Finfinnee
- Waajjira Pireezidaantiif
- Daayirektoreetii Dhiimma Kaabinee fi Seeraatiif
  WPBMNO

Dambii Lakk. 128/ /2002

# Dambii lafa Magaalota Naannoo Oromiyaa Keessatti Liiziidhaan Keennamuu fi Kiraan Bulu Irra Deebiidhaan Murteessuuf Bahe

Mootummaan Naannoo Oromiyaa Lafa magaalaa liiziin kennuu fi kiraadhaan bulchuuf Dambii Lakk. 1/1987 erga baasee eegalee adeemsa raawwii keessatti rakkoolee fi hanqinaalee yeroo yeroon mul'atan salphisuuf fooyya'iinsa dambiiwwan armaan dura bahan addaan cicitanii waan jiraniif raawwachiistonnii fi fayyadamtoonni ragaa guutuu bakka tokkootti akka argatan gochuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,

Dambiin gatii lafa magaalotaa liiziidhaan kennuu fi kiraadhaan bulchuuf bahee hojii irra jiru waan olka'eef abbootii qabeenyaa kan hin hawwanne waan ta'eef gatii ka'umsaa liizii fi kiraa lafa magaalaa kan madaalawaa ta'e hirmaattota hawwachuu akka danda'uutti fooyyessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef.

Akkaataa Labsii Lakk. 147/2001 keewwata 8tiin Dambiin kanatti aanu bahe jira.

## Kutaa Tokko

## Tumaalee Waliigalaa

1. *Mata Duree Gabaabaa*

   Dambiin kun "Dambii Lafa Magaalota Naannoo Oromiyaa keessatti Liiziidhaan Kennamuu fi Kiraadhaan Bulu irra Deebiidhaan Murteessuuf bahe lakk.128/2002" jedhamee waamamuu ni danda'a.

*Hiika*

Akkaataan seensa jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee dambii kana keessatti:

1. "**Mana Maree Bulchiinsaa**" jechuun Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
2. "**Biiroo**" jechuun Biiroo Lafaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa fi caasaalee isaa jechuudha.
3. "**Liizii**" jechuun sirna mirga itti fayyadama lafa magaalaa waliigalteedhaan kan ittiin darbuu yookaan kan ittiin qabamu jechuudha.
4. "**Sadarkaa Iddoo**" jechuun iddoowwan magaalota keessatti argamaniif akkaataa misoomaa fi faayidaa isaaniitiin sadarkaa kennameef jechuudha.
5. "**Kiraa**" jechuun kaffaltii mirga ittifayyadama lafa magaalaa argachuuf raawwatamu jechuudha.
6. "**Dhaabbata Tajaajila Hawaasummaa Ummataaf Kennan**" jechuun kaayyoon isaanii bu'aadhaaf osoo hin ta'in uumataaf tajaajila kennuudhaaf kan dhaabbatan jechuudha.
7. "**Lafa Mana Jireenyaa**" jechuun maastar plaanii magaalaa irratti hundaa'uudhaan lafa tajaajila mana jireenyaatiif akka oolu murta'ee ramaddii kiraatiin yookaan liziidhaan kan kennamu jechuudha.
8. "**Industirii Maanufaakchariingii**" jechuun warshaa meeshaalee dheedhii guutumaan guutuutti yookaan gar-tokkeen gara dhumataatti jijjiiruudhaan gurgurtaaf yookaan itti fayydamaaf oolan kan omishu jechuu dha.
9. "**Agroo Industirii**" jechuun warshaa, oomisha qonnaa dheedhii guutumaa guutuutti yookaan gar-tokkeen gara dhumatetti jijjiiruudhaan gabaaf dhiyeessuu jechudha.

## Kuta Lama

## Waa'ee Liizii

### *3. Qabiyyee Iddoo Liiziin Iratti Raawwatuu:*

Qabiyyee iddoo armaan gadii irratti liiziin raawwatiinsa ni qabaata:

1. Qabiyyee iddoo durii kan kiraadhaan hin bulee kamiiyyuu.

2. Iddoowwan qabiyyee haarawaa hojii daldalaaf yookaan, mana jireenyaatiif oolan.
3. Akkaataa dambii kanaatiin lafa kiraan bulu irraa gara liiziitti jijjiiramuuf qaama aangoo qabuuf gaafiin dhiyaatee kan hayyamameef.
4. Magaaloota liiziin bulan keessatti iddoo fi manneen mootummaan dhaalaman ta'ee ijaarsi isaanii sadarkaa pilaanii magaalichaatiin kan walhinsimne yoo ta'ee fi abbaan qabeenyaa mana bakka buusee ijaaruuf yookaan, tilmaama gatii manaa kaffaluuf kan gaafatame.

a) **Gabatee Magaalota Liiziin Bulan Agarsiisuu**

| Garee | Magaalota |
|---|---|
| 1ffaa | Buraayyuu, Sabbataa, Mannaagashaa, Hoolota, Sululta, Sandaafaa- Bakkee, Lagaxaafoo-Lagadaadhii, Galaan, Duukam, Bushooftuu, Moojoo, Adaamaa, Shaashamannee, Daalee ykn Naannoo harrowaan Langaanno, Abiyyaataa fi Shaalaa |
| 2ffaa | Naqamtee, Jimma, Asallaa, Amboo, Walisoo, Awwadaay, Arsii-Nageellee, Maqii, Bishaanguraacha fi Baatuu |

## *4. Akkaataa Gatiin Liizii Lafa Magaalaa Ittiin Murtaa'u*

1. Dambii kanaan ala haala birootiin yoo murtaa'e malee, gatiin liizii kan murtaa'u gatii ka'umsa irratti hundaa'uudhaan caalbaasii cufaatiin ta'a.
2. Caalbaasii miidiyaa Mootummaa Federaalaa yookaan Naannoo irratti bahee gatii ka'umsaa liizii magalichaatti ol kan ta'e dorgomaa tokkoon yoo dhiyaate dorgomtoota biroo daangeessuun jiraachuu dhabuun yoo mirkana'ee caalbaasii biroo baasuun osoo hin barbaachisin nama gatii olaanaa dhiyeesee kenuun ni danda'ama.
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee piroojektoota haala addaatiin jajjabeeffamuu qaban kan akka Agroo-industirii, Manifaakcheriingii, Hoteelota gurguddaa, Rizoortii fi tajaajila hawaasaa adda addaa fi investmentiwwan biroo Bordii Investiimantii Oromiyaatiin akka jajabeefamanu murta'an haala walta'iinsaan kennuun ni danda'ama.
4. Gatiin guddaan caalbaasiidhaan argame gatii iddoo sanaa ta'a. Moo'attooni tokkoo ol ta'anii gatii walqixxee yoo dhiyeessan moo'attooni yookaan, bakka bu'ootni isaanii bakka argamanitti carraadhaan adda bahu.
5. Gatiin caalbaasii lafa liiziidhaan kennamu ilaalchisee dhiyaate fooyya'aadha jedhamee yoo bulchiinsa magaalichaatiin kan itti amanamu yoo ta'ee lafa kan biroo



BULCHIINSA MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAATTI BIIROO LAFAA FI EEGUMSA NAANNOO
BUREAU ... ENVIRONMENT PROTECTION

sadarkaan isaa walqixa ta'eef caalbaasii haaraa osoo baasuu hinbarbaachisin yeroo ji'a sadi hincaaleef hojii irra oolchuun ni danda'a.

6. Raawwatiinsa caalbaasii yookaan, waliigaltee irratti namni komii qabu Biiroof komii isaa guyyaa 10 keessatti dhiyeefachuu ni danda'a. Biiroonis komii dhiyaateef guyyaa 15 keessatti murtii itti kennuu qaba.

## 5. *Bara Waliigaltee Liizii*

1. Barri liizii iddoo magaalaa liiziin kennamuu waliigaltee liizii keessatti kan ibsamu ta'ee bara kanaan gaditti tarreefame caaluu hin qabu.

| La kk | Gosa tajaajilaa | Sadarkaa magaalootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | 1ffaa | 2ffaa | 3ffaa | 4ffaa |
| 1 | Mana jireenyaa dhuunfaa | 99 | 99 | 99 | 99 |
| 2 | Industrii | 80 | 80 | 80 | 80 |
| 3 | Daldalaa fi tajaajila adda addaa | 70 | 70 | 70 | 70 |
| 4 | Barnoota, Saayinsii, Teknoloojii fayyaa, Aadaa fi Ispoortii | 99 | 99 | 99 | 99 |
| 5 | Kan biroof | 70 | 70 | 70 | 70 |

2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan ibsame jiraatullee barri waliigaltee kaffaltii liizii waggaa soddomaa gadi waggaa afurtamaa oli ta'uu hin qabu.

3. Keewwata kana keewwata xiqaa 2 jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee yeroo waligaltee keesa taa'e keesatti kaffaltiin liizii kan hin xumuramne yoo ta'e dhala waliin kan kaffalamu ta'a.

## 6. *Akkaataa Kaaffaltii Liizii.*

1. Kaffaltiin liizii waliigalaa bara waliigaltee kaffaltii liiziif qoodamee waggaa waggadhaan ji'oota jahan duraa keessatti kan kaffalamu ta'ee, kaffaltiin waggaa jalqabaa waliigaltee mallatteessuun dura kaffalamuu qaba.

2. Gatii waliigalaa caalbaasiin moo'ate keessaa kaffaltii duraa %15 riil isteetiif, %10 inveestmeentii birootiif guyyaa waliigalteen mallatta'u kaffalamuu qaba.

3. Kaffaltii liizii yeroo tokkotti kaffalee kan xumuru haala addaatiin ni jajjabeeffama raawwin isa qajeelfaman kan murta'uu ta'a.

4. Gatii ka'umsaa liizii Hoteelaa abbaa urjii sadii gadi ta'an gatii ka'umsaa liizii lafa daldalaa fi tajaajila adda addaaf ka'ameen kan keessummeeffamu ta'a.



BULCHIINSA MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAATTI BIIROO LAFAA FI EEGUMSA NAANNOO

## 7. *Akkaataa Kenna Waraqaa Ragaa Abbaa Qabiyyummaa Lafa Liizii*

1. Boordiin inveestimeentii Oromiyaa nama iddoo magaalaa liiziidhaan akka kennamuuf hayyamameef Biiroon uunkaalee dhimma kanaaf qophaa'an guuchisiisee waliigaltee erga mallateessisee booda waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa ni kenna.

2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan ibsame jiraatullee, iddoo piroojeektoota manneen jireenyaa namoota birootiif dabarsuuf riil Isteetii ijaaraniif, waliigaltee nama sadaffaa waliin taasifame yoo dhiyeeffatan waraqaa abba qabiyyumaa yeroo waliigaltee liizii irratti ibsame hincaaleef ni kennamaaf.

3. Lafa riil-Isteettii irratti kaffaltiin liizii lafa qabiyyee waliinii kan akka daandii, iddoo bashananaa, dirree kubaa miilaa fi kan kana fakkaatan kan raawwatamu abbaa qabeenyaa laficha irratti waliigaltee duraa raawwateen ta'a.

## 8. *Akkaataa Hordoffii Lafa Liizii*

1. Biiroon akkaataa dambii kanaatiin namni liiziidhaan iddoo fudhate kamiiyyuu haala waliigaltee seeneen yeroo hayyammameef keessatti hojii eegaluu isaa ni hordofa.

2. Akkaata keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti tumameen abbaan qabeenyaa hayyamni kennameef hojii isaa yeroo hayyamameef keessatti yoo jalqabuu baate Komishinin Investmentii Oromiyaa tarkaanfii sirreefamaa ni fudhata.

## 9. *Mirgaa fi Dirqama Abbaa Qabiyyee*

Abbaan qabiyyee lafaa kamiyyuu mirgaa fi dirqama armaan gadii ni qabaata.

1. Abbaan qabiyyee liizii qaama dhimmi ilaalu hayyamsiisuudhaan mirga isaa yeroo waliigaltee liizii keessatti nama biraatti dabarsuu ni danda'a.
2. Abbaan qabiyyee, seera, waliigaltee liizii fi qajeelfamoota bahan kabajuu qaba.

## 10. *Waliigaltee Liizii Haaromsuu*

1. Abbaan qabiyyee liizii kan akka haaromsamuuf barbaadu gaafii isaa barri waligaltee osoo hin xumuramin waggaa tokko dura bulchiinsa magaalatiif dhiyeesuu qaba Bulchiinsi magaalichaas yaada qabu waliin ji'a tokko keessatti Biiroof ni dabarsa.

2. Gaafiin haaromsaa Biiroof erga dhiyaatee jalqabee ji'a tokko keessatti deebii argachuu qaba. Ji'a tokko keessatti deebiin yoo kennamuufii baate waliigaltichi akka haaromsameetti lakka'ama.
3. Waliigaltichi kan haaromsamu yookaan akka hin haaromsamne kan ta'u Biiroodhaan ta'a.
4. Waliigalteen liizii haaromsamu barra waliigaltee liizii dambii kana keewwata 6 jalatti tumame caaluu hin qabu.
5. Waliigaltichi yommuu haaromsamu abbaan qabiyyee gatii ka'umsa liizii bara itiin haaromfamu sanaan ni kaffala.

## *11. Addaan Citiinsa Waliigaltee Liizii fi Kaffalttii Beenyaa*

1. Waliigalteen liizii iddoo magaalaa kan addaan citu:

   a) Abbaan qabiyyee lafaa kamiyyuu kaffaltii waggaa ji'a jahan duraa keessatti yoo hin kaffalin yookaan, akka dambii kanaatiin kan irraa barbaadamu yeroodhaan yoo hin raawwatin yookaan,

   b) Qaama aangoo qabu irraa hayyama osoo hin argatin abbaan qabiyyee bifa tajaajila iddoo yoo jijjiire yookaan,

   c) Seerotaa, Waliigaltee liizii fi qajeelfamoota bahan cabsee yoo argame yookaan,

   d) Qamaa dhimmi ilaaluu osoo hin hayyamsiisin garee sadaffaatti jijjiiree yoo argamee, ta'a.

2. Akkaataa keewwata kanaa keewwata xiqqaa 1(a-d) tti kan tumamee fi sababa birootiin qaamni waliigaltee liizii addaan kutuu barbaadu of eegannoo hanga ji'a jahaa kennuu ni danda'a.

3. Qabiyyeen liizii tajaajila uumataaf yookaan, bu'ura maaster pilaaniitiin faayidaa biraatiif akka oolu yoo barbaadame abbaa qabiyyeetiif qabeenya laficha irraa qabuuf gatii gabaa yerootiin tilmaamamee beenyaan kan kaffalamuuf ta'a.

4. Kan keewwata kana keewwata xiqaa (3) jalatti tumame jiraatullee abbaan qabiyyee yoo barbaade iddoo walffakkaatu bara waliigaltee hafeef kan turu caalbaasii malee waliigaltee duraatiin kennamuufii ni danda'a.

The Oromia Regional Government Office of ... ARCHIVE



MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAATTI ... LAFAA F. EEGUMSA NAANNOO ... ENVIRONMENT PROTECTION

## *Gatii ka'umsaa Liizii*

*a)* **Gabatee Gatii ka'umsaa Liizii Lafa Mana jireenyaa**

| La kk. | Garee Magaalaa | Sadarkaa Iddoo | Gatii Ka'umsaa lafa karee meetira tokkoo ($m^2$) waggaan | |
|---|---|---|---|---|
| | | | Qarshii | Saantima |
| 1 | 1ffaa | 1ffaa | 8 | 40 |
| | | 2ffaa | 7 | 80 |
| | | 3ffaa | 7 | 20 |
| 2 | 2ffaa | 1ffaa | 5 | 40 |
| | | 2ffaa | 5 | 10 |
| | | 3ffaa | 4 | 80 |

**b) Gabatee Gatii ka'umsaa liizii lafa Hooteelaa**

| La kk | Gosa tajaajilaa | Garee Magaalaa | Sadarkaa Iddoo | Gatii Ka'umsaa lafa meetira karee tokkoo ($m^2$) waggaan | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Qarshii | Saantima |
| 1 | Hoteela Abbaa Urjii 3 | 1ffaa | 1ffaa | 13 | 60 |
| | | | 2ffaa | 12 | 80 |
| | | | 3ffaa | 12 | 00 |
| | | 2ffaa | 1ffaa | 9 | 60 |
| | | | 2ffaa | 8 | 80 |
| | | | 3ffaa | 8 | 00 |
| 2. | Hoteela Abbaa Urjii 4 | 1ffaa | 1ffaa | 11 | 90 |
| | | | 2ffaa | 11 | 20 |
| | | | 3ffaa | 10 | 50 |
| | | 2ffaa | 1ffaa | 8 | 40 |
| | | | 2ffaa | 7 | 70 |
| | | | 3ffaa | 7 | 00 |
| 3. | Hoteela Abbaa Urjii 5 | 1ffaa | 1ffaa | 10 | 20 |
| | | | 2ffaa | 9 | 60 |
| | | | 3ffaa | 9 | 00 |
| | | 2ffaa | 1ffaa | 7 | 20 |
| | | | 2ffaa | 6 | 60 |
| | | | 3ffaa | 6 | 00 |

ARCHIVE
MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAATTI
BIIROO LAFAA FI EEGUMSA NAANNOO
THE OROMIA REGIONAL GOVERNMENT
LAND AND ENVIRONMENTAL PROTECTION

c) Gabatee Gatii ka'umsaa liizii lafa Rezoortii

| La kk. | Saayitii | Abba Urjii | Gatii Ka'umsaa lafa meetira karee tokkoo ($m^2$) waggaan | |
|---|---|---|---|---|
| | | | Qarshii | Saant. |
| 1 | Magaalaa keessatti Qarqara Haroo | 3 | 12 | 80 |
| | | 4 | 12 | 00 |
| | | 5 | 9 | 60 |
| 2 | Magaalaa Rizoortii | 3 | 12 | 00 |
| | | 4 | 9 | 60 |
| | | 5 | 8 | 80 |
| 3 | Bishaan danfaa | 3 | 8 | 00 |
| | | 4 | 7 | 30 |
| | | 5 | 6 | 60 |
| 4 | Iddoowwan seenaa | 3 | 6 | 30 |
| | | 4 | 6 | 00 |
| | | 5 | 5 | 70 |
| 5 | Parkii | 3 | 5 | 40 |
| | | 4 | 5 | 10 |
| | | 5 | 4 | 80 |
| 6 | Kan biroo | 3 | 4 | 50 |
| | | 4 | 4 | 20 |
| | | 5 | 3 | 90 |

d) Gabatee Gatii liizii lafa daldalaa fi tajaajila adda addaa

| Lakk | Garee magaalaa | Sadarkaa Iddoo | Gatii ka'umsaa lafa karee meetira tokkoo (m2)waggaa | |
|---|---|---|---|---|
| | | | Qarshii | Saantimaa |
| 1 | 1ffaa | 1ffaa | 14 | 45 |
| | | 2ffaa | 13 | 60 |
| | | 3ffaa | 12 | 75 |
| 2 | 2ffaa | 1ffaa | 10 | 20 |
| | | 2ffaa | 9 | 35 |
| | | 3ffaa | 8 | 50 |

e) Gabatee Gatii ka'umsaa liizii lafa Industrii

| La Kk | Gosa Industrii | Garee magaalaa | Sadarka iddoo | Gatii ka'umsaa karremeetira tokko wagaan | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Qr. | Sant. |
| 1 | Maanifaakchariing | 1ffaa | 2 | 6 | 50 |
| | | | 3 | 5 | 85 |
| | | 2ffaa | 2 | 4 | 55 |
| | | | 3 | 3 | 90 |
| 2 | Agro-Industrii | 1ffaa | 2 | 7 | 00 |
| | | | 3 | 6 | 30 |
| | | 2ffaa | 2 | 4 | 90 |
| | | | 3 | 4 | 20 |
| 3 | Kan biroo | 1ffaa | 2 | 7 | 50 |
| | | | 3 | 6 | 75 |
| | | 2ffaa | 2 | 5 | 25 |
| | | | 3 | 4 | 50 |

f) Gabatee Gatii ka'umsaa liizii lafa Tajaajila Hawaasummaa Kan akka Barnoota, Fayyaa, Qo'annoo, Aadaa fi Ispoortii.

| La kk | Garee Magaalaa | Sadarkaa Iddoo | Gatii Ka'umsaa lafa meetir karee tokkoo ($m^2$) waggaan | |
|---|---|---|---|---|
| | | | Qarshii | Saantima |
| 1. | 1ffaa | 1ffaa | 7 | 70 |
| | | 2ffaa | 7 | 00 |
| | | 3ffaa | 6 | 30 |
| 2. | 2ffaa | 1ffaa | 5 | 60 |
| | | 2ffaa | 4 | 90 |
| | | 3ffaa | 4 | 20 |

The Oromia Regional Government Office ... ARCHIVE



BULCHIINSA MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAATTI BIIROO LAFAA FI EEGUMSA NAANNOO * THE O... BUREAU O... ENVIRONMENT PROTECTION

g) Gabatee Gatii ka'umsaa Liizii Riil- Isteetii

| La kk. | Garee Magaalaa | Sadarkaa Iddoo | Gatii Ka'umsaa lafa meetira karee tokkoo ($m^2$) waggaan | |
|---|---|---|---|---|
| | | | Qarshii | Saantima |
| 1 | $1^{ffaa}$ | $1^{ffaa}$ | 12 | 00 |
| | | $2^{ffaa}$ | 9 | 60 |
| | | $3^{ffaa}$ | 8 | 00 |
| 2 | $2^{ffaa}$ | $1^{ffaa}$ | 6 | 40 |
| | | $2^{ffaa}$ | 5 | 12 |
| | | $3^{ffaa}$ | 4 | 11 |

# Kutaa Sadi

# Waa'ee Kiraa

### 13. *Iddoowwan kiraadhaan Bulan*

Iddoowwan kanaan gaditti ibsaman kiraadhaan ni bulu.

1. Lafa mana jireenyaa dhuunfaa yookaan waldaaf kennamu.
2. Akkaataa murtii Mana Maree Bulchiinsaa kallattiidhaan hojiiwwan faayidaa uumataaf oolan, yookaan iddoowwan investimantii jajjabeeffamuu qabaniif oolan.
3. Qabiyyee durii irratti gaaffiin iddoo babal'isuuf dhiyyaatee qaama aangoon kennameefiin iddoon gaafatamee projeektii biraatiif ooluu kan hindandeenye ta'uun mirkanaa'ee yoo hayyamame.
4. Qabiyyee dhaabiilee misooma Motuummaa.
5. Magaalota liiziidhaan akka bulan murta'aniin ala jiran.
6. Magaaloota kiraan bulan keessatti iddoo fi manneen mootummaadhaan dhaalaman ta'ee ijaarsi isaanii, sadarkaa pilaanii magaalichaatiin kan walhinsimne yoo ta'ee fi abbaan qabeenyaa mana bakka buusee ijaaruuf yookaan, tilmaama gatii manaa kaffaluuf kan gaafatame.

## 14. *Kaffalti kiraa*

1. Manni jireenyaa dhuunfaa durii gartokkeen mana jireenyaaf, gartokeen immoo daldalaaf yoo ta'e, abbaan qabiyyee hojii daldalaaf kan tilmaamame ni kaffala. Hojichi kan gaggeeffamu mooraa tokko keessatti ta'ee hojiin kutaalee adda addaa keessatti kan gaggeefamu yoo ta'e akkaataa qajeelfama Biiroon baasuun kaffaltiin kan raawwatamu ta'a.

2. Keewwata kana, keewwata xiqqaa (1) jalatti kan ibsame akkuma eeggametti ta'ee, kiraan lafaa sadarkaa magaalaa fi sadarkaa iddootiin kaaree meetiraaf akka kanaa gaditti ibsameen ni kafalama.

a) **Gabatee Kiraa Lafa Daldalaa fi Tajaajila Adda Addaa Agarsiisu**

| Sadarkaa magaalaa | Sadarkaa iddoo | Bal'ina iddootiin (qarshii/kaare meetiraaf/Waggaan) | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | **Hanga 500** | **501-1000** | **1001-1,500** | **1,500-2000** | **2000 ol** |
| 1 ffaa | 1 ffaa | 3.00 | 3.10 | 3.20 | 3.30 | 3.40 |
| | 2 ffaa | 2.50 | 2.60 | 2.70 | 2.80 | 2.90 |
| | 3 ffaa | 2.00 | 2.10 | 2.20 | 2.30 | 2.40 |
| 2 ffaa | 1 ffaa | 1.90 | 2.00 | 2.10 | 2.20 | 2.30 |
| | 2 ffaa | 1.70 | 1.80 | 1.90 | 2.00 | 2.10 |
| | 3 ffaa | 1.50 | 1.60 | 1.70 | 1.80 | 1.90 |
| 3 ffaa | 1 ffaa | 1.20 | 1.30 | 1.40 | 1.50 | 1.60 |
| | 2 ffaa | 1.00 | 1.10 | 1.20 | 1.30 | 1.40 |
| | 3 ffaa | 0.80 | 0.90 | 1.00 | 1.10 | 1.20 |
| 4 ffaa | 1 ffaa | 0.80 | 0.90 | 1.00 | 1.10 | 1.20 |
| | 2 ffaa | 0.60 | 0.70 | 0.80 | 0.90 | 1.00 |
| | 3 ffaa | 0.40 | 0.50 | 0.60 | 0.70 | 0.80 |

b) Gabatee Kiraa Lafa Tajaajila Barnootaa, Wirtuu Qo'annoo Aadaa fi Ispoortii Agarsiisu

| Sadarkaa Magaalaaa | Sadarkaa iddoo | Bal'ina iddootiin (qarshii/kaare meetiraaf/Waggaan) | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Hanga 500 | 501-1000 | 1001-1,500 | 1,501-2000 | 2000 ol |
| 1ffaa | 1ffaa | 2.50 | 2.60 | 2.70 | 2.80 | 2.90 |
| | 2ffaa | 2.30 | 2.40 | 2.50 | 2.60 | 2.70 |
| | 3ffaa | 2.10 | 2.20 | 2.30 | 2.40 | 2.50 |
| 2ffaa | 1ffaa | 2.00 | 2.10 | 2.20 | 2.30 | 2.40 |
| | 2ffaa | 1.80 | 1.90 | 2.00 | 2.10 | 2.20 |
| | 3ffaa | 1.60 | 1.70 | 1.80 | 1.90 | 2.00 |
| 3ffaa | 1ffaa | 1.60 | 1.70 | 1.80 | 1.90 | 2.00 |
| | 2ffaa | 1.40 | 1.50 | 1.60 | 1.70 | 1.80 |
| | 3ffaa | 1.20 | 1.30 | 1.40 | 1.50 | 1.60 |
| 4ffaa | 1ffaa | 1.20 | 1.30 | 1.40 | 1.50 | 1.60 |
| | 2ffaa | 1.00 | 1.10 | 1.20 | 1.30 | 1.40 |
| | 3ffaa | 0.80 | 0.90 | 1.00 | 1.10 | 1.20 |

c) Gabatee Kiraa Lafa Mana jireenyaa Agarsiisu

| Sadarkaa magaalaa | Sadarkaa iddoo | Bal'ina iddootiin (qarshii/kaare meetiraaf/Waggaan) | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Hanga 200 | 201-500 | 501-750 | 751-1000 | 1001-1250 | 1250 ol |
| 1ffaa | 1ffaa | 0.80 | 0.96 | 1.12 | 1.28 | 1.44 | 1.60 |
| | 2ffaa | 0.64 | 0.80 | 0.96 | 1.12 | 1.28 | 1.44 |
| | 3ffaa | 0.48 | 0.64 | 0.80 | 0.96 | 1.12 | 1.28 |
| 2ffaa | 1ffaa | 0.64 | 0.80 | 0.96 | 1.12 | 1.28 | 1.44 |
| | 2ffaa | 0.48 | 0.64 | 0.80 | 0.96 | 1.12 | 1.28 |
| | 3ffaa | 0.32 | 0.48 | 0.64 | 0.80 | 0.96 | 1.12 |
| 3ffaa | 1ffaa | 0.48 | 0.64 | 0.80 | 0.96 | 1.12 | 1.28 |
| | 2ffaa | 0.32 | 0.48 | 0.64 | 0.80 | 0.96 | 1.12 |
| | 3ffaa | 0.16 | 0.32 | 0.48 | 0.64 | 0.80 | 0.96 |
| 4ffaa | 1ffaa | 0.32 | 0.48 | 0.64 | 0.80 | 0.96 | 1.12 |
| | 2ffaa | 0.16 | 0.32 | 0.48 | 0.64 | 0.80 | 0.96 |
| | 3ffaa | 0.12 | 0.16 | 0.32 | 0.48 | 0.64 | 0.80 |

The Oromia Regional Government Office of the ... ARCHIVE

## d) Gabatee Kiraa Lafa Industrii Agarsiisu

| La kk | Gosa Industrii | Sadarkaa Magaalaa | Sadarkaa Iddoo | Gatii kiraa bal'ina lafaatiin (Qar./$M^2$/Waggaan) | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Hanga - 500 | 501-1000 | 1001-1500 | 1501-2000 | 2000 ol |
| 1. | Manufaak charingii | 1ffaa | 1 | 1.63 | 1.69 | 1.76 | 1.82 | 1.89 |
| | | | 2 | 1.43 | 1.45 | 1.56 | 1.62 | 1.69 |
| | | | 3 | 1.23 | 1.29 | 1.36 | 1.42 | 1.49 |
| | | 2ffaa | 1 | 1.28 | 1.34 | 1.41 | 1.47 | 1.54 |
| | | | 2 | 1.08 | 1.14 | 1.21 | 1.27 | 1.34 |
| | | | 3 | 0.88 | 0.94 | 1.01 | 1.07 | 1.14 |
| | | 3ffaa | 1 | 0.93 | 0.99 | 1.06 | 1.12 | 1.19 |
| | | | 2 | 0.73 | 0.79 | 0.86 | 0.92 | 0.99 |
| | | | 3 | 0.50 | 0.59 | 0.66 | 0.72 | 0.79 |
| | | 4ffaa | 1 | 0.58 | 0.64 | 0.71 | 0.77 | 0.84 |
| | | | 2 | 0.38 | 0.44 | 0.51 | 0.57 | 0.64 |
| | | | 3 | 0.18 | 0.24 | 0.31 | 0.37 | 0.44 |
| 2. | Agro-industrii | 1ffaa | 1 | 1.75 | 1.82 | 1.89 | 1.96 | 2.03 |
| | | | 2 | 1.55 | 1.62 | 1.69 | 1.76 | 1.83 |
| | | | 3 | 1.35 | 1.42 | 1.49 | 1.56 | 1.63 |
| | | 2ffaa | 1 | 1.45 | 1.52 | 1.59 | 1.66 | 1.73 |
| | | | 2 | 1.25 | 1.63 | 1.39 | 1.46 | 1.53 |
| | | | 3 | 1.05 | 1.12 | 1.19 | 1.26 | 1.33 |
| | | 3ffaa | 1 | 1.15 | 1.22 | 1.29 | 1.36 | 1.43 |
| | | | 2 | 0.95 | 1.02 | 1.09 | 1.16 | 1.23 |
| | | | 3 | 0.75 | 0.82 | 0.89 | 0.96 | 1.03 |
| | | 4ffaa | 1 | 0.85 | 0.92 | 0.99 | 1.06 | 1.13 |
| | | | 2 | 0.65 | 0.72 | 0.79 | 0.86 | 0.93 |
| | | | 3 | 0.45 | 0.52 | 0.59 | 0.66 | 0.73 |
| 3. | Kan biroo | 1ffaa | 1 | 1.88 | 1.95 | 2.03 | 2.10 | 2.18 |
| | | | 2 | 1.68 | 1.75 | 1.83 | 1.90 | 1.98 |
| | | | 3 | 1.48 | 1.55 | 1.63 | 1.70 | 1.78 |
| | | 2ffaa | 1 | 1.63 | 1.70 | 1.78 | 1.85 | 1.93 |
| | | | 2 | 1.43 | 1.50 | 1.57 | 1.65 | 1.73 |
| | | | 3 | 1.23 | 1.30 | 1.37 | 1.45 | 1.53 |
| | | 3ffaa | 1 | 1.38 | 1.45 | 1.53 | 1.60 | 1.68 |
| | | | 2 | 1.18 | 1.25 | 1.33 | 1.40 | 1.48 |
| | | | 3 | 0.98 | 1.05 | 1.13 | 1.20 | 1.28 |
| | | 4ffaa | 1 | 1.13 | 1.20 | 1.28 | 1.35 | 1.43 |
| | | | 2 | 0.93 | 1.00 | 1.08 | 1.15 | 1.23 |
| | | | 3 | 0.73 | 0.80 | 0.88 | 0.95 | 1.03 |

MANA GALMEE ARCHIVE
The Oromia Regional Government Office of the ...
BIIROO LAFAA FI EEGUMSA NAANNOO OROMIYAATTI
THE OROMIA REGIONAL GOVERNMENT BUREAU OF LAND AND ENVIRONMENTAL PROTECTION

*15. Addaan citiinsa Waliigaltee Kiraa fi Kaffaltii Beenyaa*

1. Waligalteen kiraa kan addaan citu:

   a. Iddoon Tajaajila hawaasaatiif kan barbaadamu yoo ta'e,yookaan.

   b. Bu'uura maaster pilaanii magaalichaatiin iddoon tajaajila biraatiif oolchuun yoo barbaachise yookaan.

   c. Iddoon gara qabiyyee liiziitti yoo jijjirameyookaan.

   d. Abbaan qabiiyyee, seera, waligaltee kiraa fi qajeelfamoota bahan cabsee yoo argameedha.

2. Akkataa Keewwata kanaa keewwata xiqqaa 1 (a) fi (b) jalatti tumameen kiraan yoo addaan cite beenyaan abbaa qabiyyeetiif kan kaffalamu qabeenyaa laficharra qabuuf gatii gabaa yerootiin tilmamamee kan kaffalamu ta'a. Akka barbaachisumaasaatti lafti walgitu bakka bu'uufii ni danda'a.

## Kutaa Afur

## Tumaalee Adda Addaa

*16. Iddowwan Kaffaltii Malee Kennaman*

1. Iddowwan waajjiroota mootummaa baajata mootummaatiin bulan, manneen amaantaa, lafa awwaalaf oolaan manneen Maree Bulchiinsa Aanaa fi Magaalaatiin murtaa'ee liizii fi kiraa irraa biliisaan kan kennamu ta'a.

2. Bu'uura keewwaata kana keewwata xiqqaa (1) tiin iddoon kenname hayyama Biiroo malee tajaajila biiraatti jijjiruu yookaan nama biiraatti dabarsuun hin danda'amu.

3. Akkaataan kenniinsa lafaa qajeelfama Biiroon baasuun kan raawwatamu ta'a.

*17. Jijjiirama Ittifayyadama Lafaa*

1. Biiroon maaster Pilaanii irratti hundaa'ee yoo hayyameef malee abbaan qabiyyee liiziin yookaan kiraan fuddhate tajaajila lafichi duraan kennaa ture irraa jijjiruu hin danda'u.



MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia Regional Government Office of the President

2. Akkaataa keewwata kanaa keewwata xiqqaa (1)tiin jijjirraan tajaajila lafaa yoo hayyaamamu:

a. Qabiyyee waligaltee kiraatiin bulu yoo ta'e gatiin kiraa bifa tajaajila itti jijjiramuu fi sadarkaa iddootiif murtaa'en ni ta'a.

b. Qabiyyee waligaltee liiziitiin bulu yoo ta'e kaffaltii fi barri waligaltee tajaajila itti jijjiramuun ta'ee haalli raawwii isaa qajeelfama Biiroon baasuun kan raawwatamuu ta'a.

3. Jijjiirraa tajaajila keewwata kanarratti ibsame hayyamuu kan danda'u.

a. Kiraa yoo ta'e Biiroodhaan

b. Liizii yoo ta'e Boordii investimentiitiin yookaan qaama inni bakka buusun ta'a.

## 18. *Iddoowan Kanaan Dura Liiziidhaan Qabaman.*

1. Iddoowwan fooyya'iinsa Dambii kanaatiin duraa liiziidhaan qabaman kamiyyuu akkaataa duraan waliigalameen kan raawwatamu ta'a.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa 1. Jallatti kan tumamee jiraatulee halaa addaan citinsa waliigaltee liizii bu'uura dambii kanaan kan raawwatamu ta'a.

## 19. *Wa'ee Gaaffii, Kenna fi Dabarsa Lafa Investimantii*

1. Gaaffiin lafa argachiuu kan dhiyaatu komishinii investimeentii Oromiyaa fi caasaa isaatiif ta'a.
2. Lafti liiziin kennamu kamiyyuu caalbsiin qofa ta'a.
3. Kan Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti tumame jiraatuyyuu, piroojektoota haala addaatiin jajjabaachuu qaban kanneen akka tajaajila faayidaa ummataaf oolan caalbasiin ala gatii ka'umsaa liiziitiin kennuun ni danda'ama.
4. Ragaan qabiyyee lafaa fi saayit pilaaniin kan kennamu Biiroon yoo ta'u, dizaayinii mirkaneessuu fi heyyamni ijaarsaa kan kennamu Biiroo Hojii fi Misooma Magaalaatiin ta'a.
5. Kaffaltiin liizii fi kiraa lafichaa galii kan ta'u Biiroo Galiiwwanii Oromiyaatiif caasalee isaaf ta'a.

MANA GALMEE ARCHIVE
The Oromia Regional Government Office of the President



GUMSA NAANNOO OROMIYAATTI
ENVIRONMENTAL PROTECTION

6. Lafti invastaraaf kenname, investerichi Boordii investimentii Oromiyaa hayyamsiisuudhaan idaa kamiyyuu irraa erga bilisa ta'uun isaa mirkana'ee booda qabiyyee isaa nama biraatiif dabarsuu ni danda'a.

7. Investarichi qabeenyaa laficha irraa qabu wabii qabsiisuudhaan Baankii irraa qarshii liqeeffachu ni danda'a.

8. Investerichi tajaajila hayyamameef gara hojii birootti jijjiruuf gaafii isaa Komishiiniin Investmeentii Oromiyaaf dhiyeessee, komishiinii investimeentii Oromiyaa gaafii dhiyaateef yaada isaa waliin Boordii Investimentiif dhiyeessee hayyammsisuu ni danda'a.

## 20. *Aangoo Qajeelfama Baasuu*

Biiroon dambii kana hojiira oolchuuf qajeelfama baasuu ni danda'a.

## 21. *Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne*

1. Dambiin lakk. 1/1987, Dambiin lakk. 3/1989, Dambiin lakk. 10/1990, Dambiin lakk. 16/1992, Dambiin lakk. 24/1994, Dambiin lakk. 98/1999 fi Dambiin lakk. 114/2000 Dambiin kanaan haqamaniiru.

2. Dambiiwwan, yookaan qajeelfamoonii fi barmaatileen hojii dambii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota dambii kana keessatti ibsaman irratti raawwannaa hinqabaatu.

## 22. *Yeroo Dambiin Kun Itti Ragga'u*

Dambiin kun Caamsaa 26 bara 2002 irraa eegalee kan ragga'u ta'a.

Abbaaduulaa Gammadaa

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Finfinnee Caamsaa 26 bara 2002

BULCHIINSA MOOTUMA NAANNOO OROMIYAATTI BIIROO LAFAA FI EEGUMSA NAANNOO
THE OROMIA REGIONAL GOVERNMENT BUREAU OF LAND AND ENVIRONMENTAL PROTECTION

MANA GALMEE ... ARCHIVE
The Oromia Regional Government Office of the President

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti
Biiroo Lafaa fi Eegumsa Naannoo
The Oromia regional Government
Bureau of Land and Enviromental Protection
Finfinnee/Addis Ababa

በኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት መስተዳድር
የመሬትና የአካባቢ ጥበቃ ቢሮ
ፊንፊኔ / አዲስ አበባ

Lakk/ቁጥር/Ref.No ____
Guyyaa/ቀን/Date 25 / 5 / 200_

Waajjira Bulchiinsa/Lafaa fi Eegumsa Naannoo Godina 18tiif

Waajjira Bulchiinsa/Lafaa fi Eegumsa Naannoo Magalaa 8tiif

Bakka jiranitii

**Dhimmi:-Dambii ragga'ee isini erguu ilaala**

Dambii Lafa Magaalota Naannoo Oromiyaa keessatti Liiziidhaan kennamuu fi kiraadhan bulu irra deebiidhaan murteessuf bahe lakk. 128/2002 foyyeessuuf bahe dambii lakk. 132/2003 fuula 1 xalayaa kan miiltoo gochuun erginee jira.

Kanaafuu, Dambii kana magaalota ittiwaamamni isaani Godinaalee fi aanaaleef ta'an hunda keessatti Dambichi gama keessaniin isaan gahee hojiira akka oolu akka gootan ni beeksifna.

Nagaa Wajjin

Diribuu Jamaal
Hoggansa Biiroo Lafaa fi Eegumsa Naannoo

Akka beektaniif

Waajjira Pireezidaantii BMNOtiif

Waajjira I/A Pireezidaantii BMNOtiif

G.G

- Biiroo Industrii fi Misooma Magaalaa Oromiyaatiif
- Biiroo Galiiwwan Oromiyaatiif
- Komishinii Investimeentii Oromiyaatiif
  Finfinnee

Finfinnee

Biiroo keenyaatii

- Waajjira Hogganaatiif
- I/A Hogganaa fi AH Eegumsa Naannoo fi
- I/A Hogganaa fi AH Bulchiinsa Lafaa Magaalaatiif
- AH Bulchiinsa Lafa Baadiyaatiif
- AH Ittiifayyadama Lafaatiif
- AH Odeeffanoo fi Sub-Qunamtiitiif
- Taj. Seeraatiif
  BLENO

BGO
Mana Galmee
Guyyaa itti gahee 24/06/03
Duukaa Deemtuu
Lakk. Galmee
Kutaa Itti Qajeelfame I.A.D

☎ 251-011-371-72-92; 251-011-830-12-12 ... -011-37 73-81 ✉ 22736 E-mail:- blenoromia@yahoo.com
Deebii yeroo kennitan ... kkoofsa ... layaa kennyaa caqasaa
እባክዎ መልስ ሲሰጡ የደብዳቤ ቁጥር ይጥቀሱ
Please quote ... Ref. No ... While Replying

Dambii lakk.132/2003

**Dambii Lafa Magaalota Naannoo Oromiyaa Keessatti Liiziidhaan Kennamuufi Kiraadhaan Bulu Irra Deebiidhaan Murteessuuf Bahe lakk.128/2002 Foyyessuuf Bahe Dambii lakk.132/2003**

Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa lafa magaalota naannoo Oromiyaa keessatti liizii fi kiraadhaan bulan irratti dhimmoota faayidaa guddaa ummataafi hawaasummaa qolan haala addatiin akka murteessu aangoo kennuufin barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa labsii lakk. 162/2003 keewwata 10(1)(a)tiin dambiin kun bahee jira.

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Dambiin kun "*Dambii Lafa Magaalota Naannoo Oromiyaa Keessatti Liiziidhaan Kennamuufi Kiraadhaan Bulu Irra Deebiidhaan Murteessuuf Bahe lakk.128/2002 Foyyessuuf Bahe Dambii lakk.132/2003*" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Foyya'iinsa**

   Dambii Lafa Magaalota Naannoo Oromiyaa Keessatti Liiziidhaan Kennuufi Kiraadhaan Bulu Irra Deebiidhaan Murteessuuf Bahe lakk.128/2002 keewwata xiqqaa 12 jalatti keewwata xiqqaa "g"tti aanee keewwanni haarawaa "h" jedhu haala kanatti aanee ibsameen dabalameera.

   h) Kan keewwata 12 keewwata xiqqaa a-g jiru akkuma eegametti ta'ee, Manni Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa lafa magaalota Oromiyaa keessatti liiziidhaan bulan haala addaatiin dhimmoolee faayidaa guddaa ummataaf qaban gatii isaani xiqqeessuun ykn bilisaan kennuu ni danda'a.

3. **Dambichi yeroo Itti Ragga'u**

   Dambiin kun Amajjii 19 bara 2003 irraa eegalee kan hojiirra oolu ta'a.

**Alamaay...**

**Pirezidaantii Mootum... ...miyaa**

**Finfinn... ...003**